



Yeroo Tajaajila Bulchiinsa Jireenyaa Manaa fi Hawaasaa, akkasumas Bulchiinsa Qaama Miidhamtoota Misoomaatiin Kennamu Argattan Mirgaa fi Itti-gaafatamummaa Keessan

Your Rights and Responsibilities When You Receive Services Offered by Home and Community Living Administration and Developmental Disabilities Administration

Tajaajilootni ni Jiru

Tajaajiloota isin fudhachuudhaaf ulaagaa guuttan keessaa filachuudhaf mirga ni qabdu. Tajaajilootni fedhiidhaani. Tajaajilli Bulchiinsi Jireenyaa Manaa fi Hawaasaa, akkasumas Bulchiinsi Qaama Miidhamtoota Misoomaa kaffaluu danda'u fedhii keessan hundaaf isin gargaaruu dhiisuu danda'a.

HCLA fi DDAn tajaajila kan kennan:

- Mana Maatii Ga'eessotaa, Bakka Jireenyaa Gargaaraa, Dhaabbata Tajaajila Fooyya'aa, Dhaabbata Narsii, ICF/IDs, Mana Hiriyyaa, Mana Guddiftuu Daa'immanii, Mana Jireenyaa Hojjetoota Hayyama Daa'immanii Qaban; Manneen Garee DDA, Manneen Leenjii Garee; YOOKAAN

- Mana nama dhuunfaatti ni kennamu.

Yaadannoo: HCLA fi DDAn mana nama tokkoo keessatti tajaajila kunuunsa dhuunfaa sa'aatii 24/guyyaa kaffaltii qabu hin kennan. Yoo kunuunsi sa'aatii 24 barbaadame, sana booda filannoowwan tajaajilaa biroo ilaalamuu danda'u.

Ejensiin Naannoo keessanii Hogganaa Dhimma Dullumaa, Hogganaa Qabeenya Dhimma DDA, Gorsaa Kunuunsa Narsii, Gorsaa Kunuunsa, Ogeessa Tajaajila Hawaasummaa Tajaajila Manaa fi Hawaasaa, ykn Hogganaa Dhimma Dhaabbata Narsii HCS sanada kana keessatti **hojjetaa dhimmaa** jedhama.

Mirgoota Keessan

Kana gochuuf mirga qabdu:

- Birmadoo, kabajaa fi alabaasii malee ilaalamuu;
- Qabeenya keessan akka kabajaan ilaalamu ta'uu;
- Eggumsa keessan karoorsuu irratti hojjataa dhimmaa keessan wajjiin hojjachuu;
- Afaan Ingiliffaa hin dubbattan ykn sirritti hin hubattan yoo ta'e, tajaajila hiikkaa afaanii kaffaltiin ilaa argachuu.
- Akkaataa seerota DHS fi daangaawwan seeraatti, odeeffannoowwan keessan iccitaa'oo akka ta'an taasisuu;
- Gaaffii akka deebistaniif ykn wanta hin barbaadne akka hojjataniif dirqisiifamuu dhabuu;

Your Rights and Responsibilities When You Receive Services Offered by HCLA and DDA
DSHS 16-172 OM (Rev. 08/2026) Oromo Fuula 1

- Waa'ee tajaajiloota isin fudhattan hundaa isiniif ibsamuu fi tajaajiloota isin barbaaddanii fi hin barbaanne irratti filannoo taasisu;
- Barreeffamaan murtii ejansii beeksifamuu fi guduunfaa garagalcha karoora eeggumsaa fi karoora gargaarsaa kennamuufi;
- Tajaajila hundaa diduu;
- Dhiyeessaa gahumsa qabu filachuu, hojii irraa ari'uu ykn jijjiiruu;
- Bu'aa sakatta'iinsa dudduubee dhiyeessaa dhuunfaa kamiyyuu filatte argachuu;
- Isinii fi hojjataan dhimmaa keessan walii hin galtan taanan, hogganaa wajjiin dubbachuu;
- Yeroo barbaaddetti waa'ee raawwii hojii mootummaa ykn dhiyeessaan adeemsa kunuunsa karoorsuu, karoora kunuunsaa, tajaajila, ykn waanuma mana keessan fi hawaasa irratti hundaa'e keessatti itti hin quufne kamiyyuu irratti komii ykn yaaddoo galmeessaa. Haloo osoo hin ba'iin komii dhiyeessuuf mirga qabda. Komii ykn yaaddoo 1-800-737-0617, bilbiluun, grievances@dshs.wa.gov, tti iimeelii erguudhaan, ykn hojjetaa DDA ykn HCLA kamiyyuu akkaataa komii itti galmeessan irratti odeeffannoo gaafachuudhaan dhiyeessuu dandeessu;
- Komee taasastanis yoo ta'e, caqasa bulchiinsaa argachuudhaaf gaafachuu;
- Caqasa bulchiinsaa gaafattaniirtuus yoo ta'e, sodaa miidhamaa malee komee taasisuu;
- 1-888-201-1014 Bilbiluun abukaatoo tokko waliin haasa'aa; fi
- Jeeqamuu, dagatamuu, dinagdeen qisaasamuu, fi hadiyyoomuu hin qabu. Ibsa jechoota kanaa argachuuf: <https://www.dshs.wa.gov/altsa/home-and-community-services/types-and-signs-abuse> daawwadhaa. Yoo isin ykn namni isin beektan miidhaa, tuffatame ykn fayyadamaa jiraate, maaloo DSHS bilbila bilisaa 1-866 (End Harm) /1-866-363-4276 irratti bilbiluun hojjetaa isin gargaaruu danda'u waliin haasa'aa.

Barcode label



16172

Dirqamoota Keessan

Dirqamni keessan:

- Xiqqaatu waggatti, bakka isiniif mijatutti hojjataan dhimmaa keessan hordoffii keessan akka guutu taasisuu;
- Xiqqaatu waggatti, hojjataan dhimmaa keessan bakka jireenyaa keessan akka ilaalu taasisuu;
- Madaallii keessan xumuruuf odeeffannoo gahaa nuuf kennuu fi qindoomina karoora kunuunsa keessanii gargaaruu;
- Namni biraa murtii fayyaa ykn dinagdee isiniif kenna taanan; hojjataa dhimmaa keessanitti himu;
- Karoora eeggumsaa ykn gargaarsaa keessan gabbisuu irratti hirmaachu; akkasumas mallatteessu;
- Hojjetaa dhimma keessanii wajjin yeroon deebii kennuu fi wal qunnamuu;
- Eggumsa fayyaa keessan filachuu;
- Dhiyeessaa sirrii filachuu;
- Dhiyeessaadhaf mirkaneessa duubbee dhuunfaa kennuu;
- Hojjataan tajaajiloota fi sa'aatiiwwan hin hayyamamneef akka hin kaffalchiifamne hubachuu;
- Dhiyeessaa keessan wajjiin rakkina qabaattu taanan ykn sa'aatiiwwan dhiyeessaa keessaniin isiniif kenname argachaa hin jirtan taanan; hojjataa dhimmaa keessanitti himu;
- Eggumsa keessaniif ni kaffaltu taanan, dhiyeessaa keessaniif ji'aan kaffaluu;
- Bakka hojii nageenya qabu dhiyeessuu;
- Haala nama kamiyyuu balaadhaaf saaxiluun socho'uu dhiisuu;
- Osoo hin deemin dura hojjetaa dhimma keessaniitti himaa, yoo dhiyeessaa kunuunsa dhuunfaa keessanii wajjin isteetii Waashingitan ala deemtan; akkasumas
- Jijjiiramootni karaa kanaan jiru taanan, hojjataa dhimmaa keessanitti himaa:
 - ✓ Haala fayyaa keessanii;
 - ✓ Gargaarsa maatii, hiriyyoota ykn dhaabbilee biroo irraa argattan;
 - ✓ Haalli maallaqaa keessan;
 - ✓ Bakka kunuunsa keessan argachaa jirtan;
 - ✓ Bakka isteetii Waashingitan jiraattan; yookaan
 - ✓ Jireenya keessan – socho'uuf karoorfattan, ykn amma isteetii Waashingitan ala jiraattan.

Dirqamoota Hojjataa Dhimmaa

Hojjataan dhimmaa keessan dirqamootni isaan qaban:

- Kabajaa fi birmadoon isin keessummeessuu;
- Iccitii keessan eeguu;
- HCLA fi DDA maal siif gochuu akka danda'an, ykn maal akka siif gochuu hin dandeenye isinitti himaa;
- Sadarkaa gargaarsa keessan murteessuuf madaallii hojjechuuf isiniifi namoota biroo irraa odeeffannoo argachuu fi tajaajila akkamii filachuu akka dandeessan murteessuu;
 - ✓ Madaalichi cimina, daangaa, galma, fi filannoo keessan kan hammatu ta'a;
 - ✓ Hordoffiin tajaajiloota isin kana dura argachaa turtan ykn kan isin maatii keessan akkasumas ejansiwwan biraa irraa argattan fi akkamiin tajaajilootni akka ta'an akka isin barbaaddan ni hammata;
- Karoora eeggumsaa ykn karoora gargaarsaa kan eeggumsa dhuunfaa galmawwan dhuunfaa, fedhiwwanii fi filannoowwan keessan hammatan dagaagsuu irratti isin gargaaru;
- Waggaa wagaadhaan ykn yeroo haalli keessan jijjiiramu isin ykn kanneen biroo irraa odeeffannoo sassaabudhaan karoora eeggumsaa ykn karoora gargaarsaa haaromsuu;
- Odeeffannoo barbaaddan akka dhiyeessitaniif yeroo gahaa isiniif kennuu;
- Akkuma ka'uumsa isaanitti rakkoowwan karoora eeggumsaa ykn karoora gargaarsaa furuu;
- Mirgoota keessan kabajuu fi rakkoowwan sammu. Niwrooljikaalaa, miiraa, qaamaa qabdu taanan tajaajiloota argachuu irratti gargaarsa guddaa taasisuu; fi
- Isin argachuu hin dandeessan taanan, dhiyeessaa sirrii akka argattan irratti isin gargaaru



Qajeelfamoota Dursa

Ajajwan dursaa taasisuudhaaf mirga ni qabdu. Ajajwan dursaa fedhii jiraachuu ykn mirga fedhii eeggumsa fayyaa keessanii irratti murteessuu hammachuu mala. Ajajwan dursaa yeroo murteewwan keessan taasisuudhaaf dandeettii sammuu hin qabdan ta'e, fedhiwwan waa'ee eeggumsa fayyaa fi/ykn sammuu, mirga yaala fayyaa, fayyaa sammuu, yaala baqaqsuu fudhachuu ykn diduu ibsa. Ajajwan dursaa keessan yeroo barbaaddanitti kaasuu ni dandeessu.

Tajaajila Galmee Filataa

Keewwatni Galmee Filataa Biyyaaleessaa kan 1993 isteetotni hunduu gargaarsa galmeessa filataa karaa waajjiraalee gargaarsa hawaasaa akka dhiyeessan ni ajaja. Galmaa'udhaaf iyyachuun ykn filannoodhaaf galmaa'uu diduun hammaa fi tajaajiloota faayidawwan isin fudhattanii kan ejansii kanaan kennamanii irratti dhiibbaa hin qaban. Uunka galmeessa filataa guutuu irratti gargaarsa barbaaddu taanan, nuti isin gargaarra. Murtiin keessan kan galmaa'uu ykn galmaa'uu dhiisuu iccitiidhaan qabama fi dhimma galmeessa filataa qofaaf fayyadamama. Namni ta'e murtii keessan kan mirga filannoodhaaf galmaa'uu ykn galmaa'uu dhiisuu irratti, mirga geessan kan feetan filannoodhaaf galmaa'uu ykn dhiisuutiif iyyachuu, ykn mirga dhaaba siyaasaa ykn filannoo siyaasaa keessan irratti dhiibbaa isin irratti uuma taanan, komii karaa kanaa gadii galfachuu dandeessu:

Washington State Elections Office
PO Box 40229
Olympia WA 98504-0229
1-800-448-4881

Mallattoo keessan

Mirgaa fi itti-gaafatamummaa keessan yoo hubattaan fi ittigaafatamummaa hojjetaa dhimma keessanii yoo hubattan armaan gaditti mallatteessaa.

Mallattoo Maamilaa	Guyyaa
Mallattoo Bakka Bu'aa Seeraa	Guyyaa

Beeksisa maamiltootaa fi hojjetootaaf (Mata duree VI fi VII), Kutaan Tajaajila Hawaasummaa fi Fayyaa Isteetii Waashingitan hojjechiisaa carraa walqixaa waan ta'eef, bu'uura umurii, saala, fedhii saalaa, koorniyaa, eenyummaa/ibsannaa saalaa, haala gaa'elaa, sanyii, amantii, bifa, saba irraa dhufeen, amantii ykn ilaalcha, hidhata siyaasaa, sadarkaa waraanaa, kabajaan kan gadhiifame, Kan bara Veetnaam, dhiheenya kana adda ba'e ykn haala durii eegumsa argate kan biraa, qaama miidhamummaa miiraa, sammuu, qaamaa kamiyyuu jiraachuu ykn qajeelfama beeylada leenji'e ykn beeylada tajaajilaa nama qaama miidhamummaa qabuun fayyadamuu, kaffaltii walqixaa ykn odeeffannoo jeneetikii irratti hin hundaa'u.



Yeroo Tajaajila Bulchiinsa Jireenyaa Manaa fi Hawaasaa, akkasumas Bulchiinsa Qaama Miidhamtoota Misoomaatiin Kennamu Argattan Mirgaa fi Itti-gaafatamummaa Keessan

Qajeelfama Hojjetaa Dhimmaa

1. Gaaffii mirgaa fi itti gaafatamummaa maamilaa ilaalchisee gaaffii kamiyyuu deebisuuf maamila waliin unka sana ilaalaa. Madaallii CARE jalqabaa irratti (ykn yoo unkaan hin mallatteeffamne ta'e Jijjiirama Guddaa/Waggaa irratti) maamila waliin ilaalaa. Yoo unki haaromfame jiraate, maamilchi unka haaromfame akka mallatteessuu godhaa. Unki mirgaa fi itti gaafatamummaa maamilaa yeroo dhiyootti hojjetaan dhimmichaan dhiyaatee fi maamilchi mallatteesse unkaalee kanaan dura mallattaa'an bakka bu'a.
2. Maamilchi ykn bakka bu'aan maamilaa tajaajila Bulchiinsa Jireenyaa Manaa fi Hawaasaa fi Bulchiinsa Qaama Miidhamtoota Misoomaatiin kennamu yeroo argatan mirgaa fi itti gaafatamummaa maamilaa irratti hubannoo akka qaban agarsiisuuf unka sana kooppii lama mallatteessuu.
3. Koppii tokko galmee dhimma elektirooniksii maamilaa keessatti galmeessuun kooppii isa kaan maamilaaf kennaa.